

MUDANNOO IIDAA

“MUDANNOO IIDAA

ASOOSAMA GABAABAA”

(Seenaa Dhugaa Irratti kan hundaa’e)

#Saphaloo_Kadiiriin.

Barataa kutaa 2’n ture. Bara isaa hin yaadadhu.

lidni boru, jachuun guyyaa tokko qofaatu hafa. Huccuun iidaa naaf hin bitamne ja’een qalbitti dhiphachaa ture. Guyyaa silaa iidni borumtaa kanaas maatii kiyya keessaa namni magaalaa bahe hin jiru. Silaa wahi taatee niin abdadha ture. ‘uuuffff... boru iida uffata fi kophee moofaaniin godhuu deemaa?’ na keessa gad yaate dubbiin. Saniifuu kopheen taatu tam akka taate ni beeytanii? ‘iskaarbaa’ ykn ‘boottii’ hanga jilbaatti nama ol cuftu sani. Sanummaanuu babbaqeeyxee jirti. Waan ifiif ciramte hin sehinaa gaa, anumaatu tan biraa haa naa bitanii ja’ee haaduu/shiggireen/ irratti bobbahe. Taan ciru ta dhuftuus boottuma.

Osumaan taa’uutiin yaadumaan hiriyoota koo kan uffata haareyaan olii gad utalan arke. Kanaafuu, mala tokkoo naa dhufe. Inniis booyuu. Iyyuun anaaf haareyaa miti. Muuxannoon itti qaba. Gurra ollaafi gandaatiifiis beekkamaa dha, yeroo hunda ana ture kan muziiqaa haareya gad lakkisu. Kanaafuu, sirba qeenxee ‘single’ tokko gad lakkisuun qaba ja’een yaadeetiin, galgalaan dallanee afaan tuulee ta’aa jira. Osumaan taa’uu yaanni tokko naaf dhufe. Sammuun tiyya wal mormuu jalqabde;

Sammuu garri tokko; “Ammuma sababa barbaaddadhuu boohinsa kee jalqabbi, yoo boohuun kee hin oolle, jala bultii irraa jalqabi” naan jatti. Yaanni gara kaani ammoo kana morma.

“Maaliif qisaasta, muziiqaan kee ganama subii irraa jalqabee gurguramuu qaba. Amma if duraa hin qisaasin..” ja’ee na amansiisuuf yaala. Yaannii boodaa kun waan injifatu fakkaata. Abbaan kiyya mana jiraachuuniis gargaarsa taheef. Kanaaf ganamarraa jalqabuu akkaan qabuun murteeffadhe. Sababniis imimmaan yookaa laagaa/sagalee/ tiyya qusadhee yookaa sababa dhabee osoon tahin, Abbaa kiyya waaniin sodaadhuuf inni mana jiraachuun na uggure. Kanaafuu inni ganamaan deema waan taheef hangasitti obsuu akkaan qabu murteeffadheen callisee taa’e. tahuus hidhii tiyya akkumaan tuulettiin jira.

Galgalarraa akka lakkoofsa xoophiyaatti sa’aa 2:00 geenye. Gochi murtii kiyya na jijjiirsisu tokko uumame. Edaanuu torbaan tokko dura huccuu iidaa nuuf bitamtee jirti, osoo iidni hin geenye kaayyatani xureeysanii booda hoggaa haareya hiriya isaanii irratti arkan qalbiin caphxi ja’anii osoo nun garsiisin sanduuqa mukaa, diimaa keessi qaazexaan haguugamee jiru san keessa nuuf kaayan. Inumaatuu san

MUDANNOO IIDAA

dura uffannumaan akkasiitu iida san duraa qofa osoon taane eegumaan dhaladheehuu naaf bitamee hin beeku. Duraan t-shirt fi qumxaa ture. Ni beeytanii t-shirt fi qumxaa lakkoofsa qabu? ‘jersi’ spoortii tahuu eegasiin bare.kaniin yeroo san firraa qabu lakkoofsa 7 ture. Qumxaan hanga jilbaa gad geenyaan jalaa ol boottiin hanga jilbaa ol cufti. Tarsiimoo ajaa’ibaati. Eekaa maalii uffata qisaasuun? (kkkkkkkkk)

Tan arra naaf bitamte ammoo adda. Inumaatuu anaatu ifittin beekini malee dardaruu kiyya. Kofoon/surreen/ jinsii langreen, jakkeetaa ...Kopheen ‘isneekara’.... Kaalsi(gaafas, shurraaba kophee jannaan malee kaalsii miti), qabattoo (qabattoos .. waraansillee jannaan)... Maal ja’ee isiniif haa himu gaa? Wannumaan naan bitamin hin jiru. Inumaatuu waan joollee biyyaatiif magaalatti waa hambisan nattin fakkaatu. Inumaatuu anu osoo iida tahuu baattee dukkaana huccuu bane joollee gandaatiif kaniin gurguruu dandahu natti fakkaata. Abbaa dukkaana tahuu na hamilchiifte lubbuun..... (Ay..! yaa fedhii lubbuu namaa! Ijoollummuma irraa edaanuu fedhiif hawwiin ilma namaa daangaa dhabaa deemti?)

Ummaan tiyya as nuuf baafte tam tan enyuu akka taate yoo nu garsiiftu namuu sardamee uffachuu jalqabe, ifitti laaluufi, qiyaasuufi. Ani tan nama biraa hin beekuu tiyya ammoo anaaf qixaa-qixxumi. ‘Amma narra guddattuu, narra xiqqaattu anumaan qixaa beeytanii gaa?’ yoon yoon ifirratti laalu, anuu ifiin wallaale bar, ‘shufeeraan fakkaadhe’ inumaatuu idaa itti aanuufillee yoo naaf bituu baatan hin booyu ja’een murteesse garaa keessatti. Kaniin reefu booyuuf karoorseehuu dogoggora akka taheen hubadhe. Duraan maatiin yoo waan ijoolleen gandaa qabdu naaf hin binne nan jaalatan natti fakkaata ture. ‘edaanuu na jaalatan?’ je’een qalbii xiqqoon yeroo san qabu keessatti yaadaa, uffata kiyya jalaa gubbaa itti tuqe.

Yeroo kana kara ganda ollaa suuta sulluq ja’ee kutuu qalbiin na kajeeltullee, “Si duratti haa dhumtu.” Ykn “Si duratti haa fixu.” Ganda ollaa sodaadheetiin hafe. Jechaan hin jaalanne kaniin yeroo sanitti gurraan dhagahuu hin barbaanne ture. Maatii keenyaas tahee warri ollaa hoggaa uffata haareya uffanne “Si duratti haa dhumtu” ja’an. Eeyba tahuu eegas baruus yeroo saniif hin jaaladhu ture. Gaafa boottii fi qumxaa san silaa taatee illee humaa miti akka na duraa dhumtuun barbaada garuu isaan hedduu hin ja’an. Maalitti beekanree boottiin haareyaafi moofaaniis wal fakkaattuu dha. Isaaniis guyyuma akka arraa kana yaadataniis naan dhaqqaban, ani ammoo arra jecha san dhageeytii hin barbaadu.

Eega ifitti qiyaasne booda akka baafannu ajajamne. Ajajni kuniis naaf hin taane. Ani firraa baasuu hin barbaadu. Kopheellee osoon hin baafne kaayyadhee buluuniin fedha kaa. Amma yoon baase sanduuqa mukaa sanitti yoo itti qollofte, furtuu harmee tiyya qofaatu qaba. Saniifuu morma isiirra jirti furtoon. Karoorri kiyya ganama subiin kaayyadhee joollee ollaa garsiifadhee, cuullisee, hinaafsisuun kiyya na jalaa fashalaawa, yoon baafadhe. Xiqqo hoggaan yaadu “Si duratti haa dhumtuu’ ganda ollaa san irra gaarfadheen hanga namuu qabbaneeffatuu deemuu na feete lubbuun. Yoon ani suuta ja’ee miliquuf ja’u harmeen tiyya narratti beeytee malli kiyya fashalaawe. Dirqama ajaja raawwachuun qaba. Niin baase, akkuma namuu baasetti. Garuu, akkan ani duraan yaade san sanduuqatti hin deebifne. Miikkaa/feestaalii/ waliin dhufe keessa kaayaniituma madabaa dinqa/booroo/ biraa san irra kaayan. Aniis gammadeen takka shilimsaa, takka dammaqaa bule.

Halkan san baayyee natti dheerate. Ani kan duraan eega bariheehuu uleen na kaasani mana barnootaa deemu, arra walakkaa halkanii duruun hirriiba quufe. Osoo lafti hin barihin dammaqaan ol godhadhe. Saniifuu lafti ganna, halkan guutuu roobaa bulee. Duraan yeroo roobu halkanii miti guyyaahu ol deebi'een rafa, arra ammoo waa anaa miti. Subii, waca simbirroo ka'een akka booda nan dhibneef uffata kiyya hanga kopheetti suutatti uffadhee bakkaan rafutti deebi'e. Inumaatuu san booda hirribni halkan guutuu akka sakandii sa'atii diiskootti billiq billiq na godhaa ture sirritti na qabee hanga biiftuun quuqattutti shilimse.

Waca wahii dhageenyaan sagalee ijoollee ollaa keenyaa san seheen, suuta lafaa ka'ee balbala banee gad bahe. Yoon ala bahu sagaleen mana warra adeerran kiyya kan mana keenya duubaa san natti fakkaatte. "Aha.. isaanis uffata iidaa bitaniif nu garsiifachuuf deemanii miti? kanaafuu, dursuun qaba" ja'een yaade. Sammuun kiyya isaanuma dursee garsiifachuuf ariifachuu malee, waan biraa humaa dagattee jirti. Cehiinsaaniin zaraaraa mana keenyaa jala naannawee achi qaceele. San booda haroo keessa akka nama daakuutti ciisuu kiyya malee waan keessatti na darbellee hin beeku. Duraanuu akkamitti akkan dagadhe mooji malee, boolla haroon itti ciiftuutu jira ture. Gurbaa adeera kiyyaa tokkootu mana jaaree, maraguuf bishaan caroora manaa irraa bu'u achitti kuufachuuf boolla qote. Mana keenya duuba yoo naannooytu marama xiqqaa tokkootu jira. Boolti bishaan itti ciise sanii fi karaan ammoo taakkuu takka addaan fagaatan.

Aniis kana dagadheen akkumaan humnaan cehaa jirutti daba san irratti mucucaadhee qaama guutuun walakkaa haroo bu'e. Waan nama ajaa'ibsiisu haroon tun kaleessa duwwaa turte. Dhoqqee jiituu hanga garaa walakkaa malee dilas bishaan hin qabdu turte. Silaa akkuma kaleessaa san taatee uffata kiyya keessaa hanga tokko naaf eewalama ture. Tarii silaa kophee qofaatu seena ture, isii ammoo gubbarra qulqulleessullee iidaan numaan dabarsa ture. Amma immoo akka waan histiif guutamteetti halkan guutuu itti roobaa bulee, zaraaraa mana irraahiis itti ya'aa bulee afaan gubbatti xifii dha. Uuufff.....! bar hangaan uffata ifirraa hin qabnee mormaa ol qofaatu nagaya na bahe malee guutumattiin keessa limee. Uffanni kiyya guutumaa guututti halluu jijjiiratee dhoqqee waliin walitti firoomee jira. Amma eenyuuniin booya mee? Yoon booyeehuu dubbii biraatu dhalata. Uleetu na gubbaa waca kaa! Sagalee ol baasee iyyuu baadhuus sagalee koo xiqqeessee iyyuun kiyya hin oolle. Amma waaniin godhuu qabu yoon mala dhawu humaa nattin mul'anne. Abdiin kiyya cituuf reeqqiftullee garuu abdii muruu hin feene.

Gara manaa achi deebi'een osoo warri keenya hirriibaa hin dammaqin bishaan roobaa kan barmeela guutee gubbaan balaqu saniin saabuna malee miicee bal'ise. Akka haareyummaa sanitti deebi'uu hin baddin malee xiqqo wayyooyte. Mana dura haadarra yoon bal'ise ni arkanii miti? Mana duuba naanneesseen ceekaa tokkorra bal'ise. Kophees dhiqeeitiin fannisse. Garuu aduun hin jirtu. Tahulle booda bahuu akka hin oolle abdadheen qullaa suuta mana seene qumxaa tiyya tan malaggaa meeqaan narraa buute san fitti deebisee suuta kumbula jala seenee, hirribni na qabu jiraachuu baatuus gad ciise.

Suutuma suutaan lafti orraatee ana malee namuu ka’e. Joollee ollaatii fi teenyaas uffata isaanii haareya kaayatanii ala burraaquu jalqaban. Ani kophaa kumbula jalatti saseen akka rooba edaa daranitti imimmaan gaw godhaa jira. Daranuu yoon gad bahu akkanatti namuu wal gagarsiifataa jira.

“Aaayyyyyyy.....!” niin gubadhe, keessa kiyyaa na waxalame, aaraafi hinaaffaaniis natti wal geesse. Daranuu wanti na bobeeysse, yeroon an gad bahu hundi wal laalanii sesseeqan. Uffata kiyya kaniin ceekaa mana duubaa irra bal’ise arkuu isaaniin shakke.

Laaqanni gahee namuu nyaataaf qophaa’an. Ani garuu nyaataaf osoon taane akka biiftuun duumeessa keessaa baate mirkaneessuufin gad bahe. Yoon gad bahu aduun haasidummaa dur hin qabne hunda rarattee akkumaan ani kumbula jalatti dhokadhee ture san duumeessa gurraacha san keessa riphiftee jirti. Inumaatuu bakkuma jirtuu yeroo garii malee hin mul’attu. Ajaa’iba! Aduun duraan eessaan baatee eessatti akka dhiitullee dagadhe akka sa’aa dorroba dhaltiif eeganittiin ija aaraa takkaan amma amma ol kajeela. Hin baane akkuma dhokattetti itti fufte.

“Aduun maal taate duumeysa kana malee kan daranuu gammachuu tiyya haguugu jiru.” Ja’ee osoon haasidummaa duumeysaa hadheeyfachaa jiruu, qacaca rooba harcaasuu jalqabe. Waa hundi na aarsitullee garuu harmeen tiyya hanga ammaa maaliif akkaan uffata kiyya hin uffatin na gaafachuu dhabuu isiitiif gammachuun qaba. Osumaan akkanatti jiruu laaqanni nyaatamee, namuu addaan bittinaawan.

Amma osumaan yaadaan dhiphadhee billiqii aduu kajeelaa qe’ee keessa asiif achi walaawwaluuti malli tokko naaf dhufe. Aduun tan samii diddu tan alawaadaa hin diddu ja’een yaade. Saffisaan bakkaan bal’isee uffata kiyya guureen gara alawaadaa qaceele. Ibiddi harmeen tiyya laaqana irraatti hojjatte dhamalli kan ajaa’ibaa kanaatu jira. San irratti qoraan dabaleettiin qabsiisee uffata kiyya irra qabuu jalqabe. Asiif achi garagalchaa osumaan qoorsaa jiruu miilli surree tokko osumaan ani hin argin harka koo jidduun gad hulluuqee ibidda walakkaa seene. Ibiddi baayyee natti aarraan morma naanneesse fuula kiyya gama tokkotti deebisee waanin jiruuf osumaan hin arginiin waxala harka kiyya oowwisu firratti dhagaye. Yoon gad godhuu miilli surrii kiyyaa hanga jilbaatti gubatee jira.

“wayiii..... miila qumxaa bare langreen hanga faanaatti gad dheertuulleen dirqumaan qumxaa itti taati edaa?” baayyeen gadde. Silaa yeroo sanitti maakmaaksa beeke, maakmaaksa kamiin irra buusa ni beeytani? “Sangaa rabbiin dhawinaan fedhe du’ellee kal’oon isaa dibbe taati.” Kan ja’an san ture. Garuu yeroo sanitti waan akka hibboo, sheekkoo, oduu durii faan xiqqo xiqqo beeka malee maakmaaksa kana ittin jarjaru.

Reefuu miti ammaan abdii mure. Surree tiyya taniin uffadhee dhiisii, mil’adheetuu hin quufin akka waraana baadimmee/shiraarotti miilli irraa citeetti miila isii tokko ibidda madaafa osoon tahin, ibidda alawaadaatiin irraa cite.

“Wuuy.... Wuuy... wuuy.... Yiiiiy..... yiyy..... yiyy..... uuuuy... uuuuy....” Osoon hin beekiniin sagalee baasuu bira dabree akka dirmachuun dhageeysutti ol kaasee iyyuu jalqabe. Hunda dura joollee qe’ee keessa asiif achi deddeemaa turaniitu iyyeensa dhagayee dirmate na marse. Anumaa alawaadaa keessaa iyyu harmeen tiyya ganda ollaa kan itti kuttee dhufte.

“Maal taate boo?” gaafii isiitan jalqabaati ture. Aniis rifadheen cal’ise uffata kiyya jiidhaan daaraa keessatti facaase lafatti eega.

“Hay hay..” jachaa dhuftee yoo lafaa ol fuutu kofoo tiyya miilli tokko irrann jiru. Takka takkaan ol fuutee yoo laaltu shamiziin kiyyaas gubachuu isaa ammaan arke. Eegas yoon hubadhu shamiziin gubatee miti. Surree ibiddi irraa balbalaa jiruu waliiniin lafatti gate edaanuu, achumaan saahiba godhatte surriin.

“Eeeci.. ati duraanuu buxan qabdu, maal osoo gootuu gubde?” jatte harmeen tiyya sagalee aaraa fi lolaa takkaan. Hudhaanhudhamaatumaan itti hime waan tahe cufa. Garuu akkaataa fi yeroon kufee san qofaan xiqqo fooyyesse malee. Nama nagayaan deemaa jiruun if fakkase, yeroos asiin siiyse bariisaa sanirraa.

“Sareen faayan beeytu itti kaayan firratti cirti..” maakmaaksa harmeen tiyya natti maakmaakte ture. “Yeroo san anaafi saree maaltu walitti fide?” ja’ee taajjabuus eegas naa gale maakmaaksichi. Maakmaaksa booda qunxuuxxaa akka mixmixaa san naaf gumaachitee iyyeensa duraan isii agarran liqimse san akkaan baasee sirba kiyya magaalarraa oolfadhuuf deeggarsa naaf taate. San malee nattin deebifne, adabarratti adaba hin baayyisuuf jattee waan na dhiifte fakkatti,

“Mataa keetiin booyi, eenyuun boocha gaa mee?” jattee, ija rahmata takka narra baaftee na biraa baate.

Ani iyyeensa koo addaan hin murre. Iyyeensa furmaata hin qabne anumaa walitti dhaabee dhawwaaqu niitiin adeera kiyyaa dhuftee;

“Maal taate?” jattee, na gaafatte. Aniis osumaan iyyeensa koo addaan hin murin qubaan gara huccuu garsiisee itti fufe. Isiiniis olfuutee akkuma harmee tiyyatti laalteeti lafatti deebifte ana harka qabdee na ol kaafte. Akkuma harka na qabdetti kara mana isaanii naan qaceelte. Yoon haroon ganama itti kufe san bira gahu ija itti mummuraatumaan bira kute. Amma akka reefuurra iyyeensa kiyya sagalee xiqqeeyseetiin booyinsa goggogaa tokkotti jira.

Mana isaanii na ol neeyxee gama mirgaa gorte. Amma harka kiyya gad dhiiftee gara sanduuqa akka keenyaa tahee kan xiqqo irra moofaa tokko bante. Uffata lama haareya tokko harkatti qabattee as baate.

“Mee hoodhoo fitti laali, adeera keetu ibsaaf bitee irra guddattee..” jattee, dura surrii natti kennite.

Ibsaa isiitu magaalaa geeysee irratti qiyaasee biteef. Abbaan isaa garuu osuma tana quban qabne akii namaa tan jattuun bitee fideef ture. Niin kaayadhe kofoo. Ajab! Inumaatu tanumaatu qiyaasa kiyyaahuu. Shamiziis gubbaan ittiin tuqe. Sirrumatti naaf taate. Amma kophee qofaatu jalaa hanqata, kanaaf

MUDANNOO IIDAA

kophee tiyya jiituma saniin jalaan itti suuquu murteeffadhe. Garuu maaliif akka tahen beekuu qalbiin tiyya uffata gubate san irraa na hafuu diddee, akka malee jala mararamte. Wanni hin beeyne nama hin beeytuu, hundaafuu garuu akkaan iidettuu numaan iide. Kana ture iidni gaafa joollummaa, kan mudannoon guutame.

====Xumurame====